Arfaasaa 15 2017

Ajeechaa fi shororkaan mootummaa Wayyaanee qabsoo Oromoon bilisummaaf godhu dhaabuu hin danda'u

Ummanni Oromoo erga bara 1991 Wayyaaneedhaan biyyi isaa qabamee as falmaa godhu hin dhaabne. Humni Wayyaanee eimpaayera Itiophiyaa yeelalaa jiru afaan qawween erga to'annaa jala oolchee as, hiree ifii ifiin murteeffannaa Oromiyaa iggituuf duguuggaa sanyii raawwachaa jiran.

Oromiyaan kan ummanni ishii miliyoona 40 olitti lakkaawamu Onkoloolessa 2015 as lolaa haarawee fi shororkaa walirraa hin cinne keessa jirti. Bara kana duwwaa ummanni kumaatamaan yeroo lubbuu isaanii dhaban miliyoonaan bakka jireenya isaanii irraa buqqaafamnii rakkoo keessa jiru. Haala Oromiyaa bahaa duwwaa akka fakkeenyaatti fudhachuu ni gaha.

Mudde 13, 2017 humni Wayyaanee ummata Oromoo nagaa 20 magalaa Calanqootti ajjeesan. Kunis hundumaa caalaa kan nama yaadachiisu waggoota 150 dura yeroo Oromiyaan qabamte humna weerartuu Minilik 2ffaan durfamtu ummata Oromoo duguuggaa sanyii irraan gahuun calii Calanqoo jedhamee beekkamuu nu yaadachisa.

Harargee keessatti duwwaa Oromoota 600, 000 ol kan tahan qe'ee isaanii irraa buqqa'anii mooraa keessatti harka tola ooltotaa Oromoo qofa eeggachaa jiran. Mootummaas tahu dhaabonni mootummaa hin tahin haga ammaa gargaarsaaf isaan mil'atee laale hin jiru. Yeroo addunyaa fi dhaabonni gargaarsaaf dhaabbanne jedhan saba kana irraanfatanitti ummanni Oromoo tokko tahee gargaarsaaf bakka jiranii quuqamanii dirmachuu isaaniitti Addi Bilisummaa Oromoo (ABOn) hedduu itti boona.

Humni "Liyyuu Polis" jedhamee beekamu kan gargaarsa humna ittisa Wayyaaneen Ogaaden irraa boba'u ummata keenya irratti ajjeechaa fi duguuggaa sanyii raawwachaa jiraachuun waan waggaa tokko oliif gabaafamaa ture.

Haata'u malee, afaaniin yaaddoo qabaachuu isaanii ibsuurra dabranii mootummoonni akka US, EU, UK fi kkf homaa wanni godhan hin jiru. Innimaayyuu mootumma Wayyaanee gargaarsa karaa mi'a waraanaa, qaruuxee, kan horii fi leenjiin ifatti gargaaraa jiraachuun ni hubatama. Gochi kun afaaniin waan tokko jechaa hojiin garuu haqa ilmoo namaa sarbisiisuu tahuu isaa ABO akka hubatamu feena.

Fedhii fi murannoon sabni Oromoo bilisummaa isaaf qabu homaa shakkamuu akka hin qabne akka hubatamu feena. Murannoo sabni Oromoo bilisummaaf qabu hubachuudhaaf sochii nagaa waggaa sadan dabreef geggeessaa jiran laaluun ni gaha. Kan barbaadan biyyaa fi qabeenya isaaniitti abbaa tahuu dha.

Bara 1991 as hawaasni Oromoo kumaatamaan ajjeefamuun, hidhamuun, shamarran gudeedamuun, rakkoo jireenyaa adda addaaf saaxilamuun fi biyyaa arihamuun homaa gara boodaatti akka hin deebifne eenyuufuu hubatamaa tahuu qaba. Qabsoon Oromoo qabsoo haqaa ti. Qabsoon kun hamma bilisummaattii kan hin dhaabbanne tahuu hubachuun murteessaa dha.

Carraa kanatti dhimma bahuudhan ABOn jagnoota Oromoo bilisummaa sab isaaniif lubbuu isaanii dabarsanii kennaniif lubbuun isaanii akka qabana argattu hawwaa kaayyoo isaan itti wareegaman bikkaan gahuuf irbuu keenya irra deebinee mirkaneesina. Oromiyaa nis hacuuccaa fi bittaa gabrummaa jala ni baahudhaan biyya walaba ni taati.

Oromiyaan ni bilisomti!